## “Biyya Keenyarraa Dhiibamnus, Diddaa Garbummaa Irraa Hin Dhiibamnu!”

### Waldaan Barattoota Oromoo biyya Sudaan

**(Madda Oduu ABO, MOA, Kartum, Amajjii 06/ 2010)** Oromoon marti bakka jirutti harka walqabatee dhabama qabeenyaafi dhaloota dhufuu baraaruuf, hiree isaa ofiin murteeffachuuf walijaaree qabsoo isaa akka finiinsu Waldaan Barattoota Oromiyaa biyya Sudaan gaafate.

Waldaan Barattoota Oromoo biyya Sudaan ibsa ejjannoo qabxiilee shan qabu Ayyaan Amajjiin daheeffatee baaseen akk hubachiisetti, saamicha qabeenya Oromiyaa irratti gageeffamuufi miidhaa ummata Oromoo irra gahaa jiru maqsuun dirqama Oromoo mara eeggataa jiruudha.

Waldaan tun itta dabalee akka hubachiisetti, ergamtoota diinaa jaarmiyaa dhaabaa keessa seenanii jeequmsaafi olola oofan irratti illee jabinaan qabsaa’uun dhimma fardii ta’uu dhaamanii jiru. Guutummaan ibsa ejjannoo Waldaa Barattoota Oromoo biyya Sudaanis akka armaan gadiiti.






IBSA IJJENOO WALDAA BARATTOOTA OROMOO
BIYYA SUUDAAN

ayyaana amajjii ilaalchisee baasan30-12-2009
kartuum-suudaan

waldaan caya Barattoota Oromoo biyya sudaan ejjennaa isaa akka ifa godhetti, Godina Gujii keessatti saamicha albuuda Oromoo irratti geggeeffamuu fi miidhaa ummata irra gahu mormuun keenya itti fufa.

Sochiin tun diinaa fi fira keenya akka adda baafannu nu dandeechiseera. nuti gama keenyaan hanga gaafiin ummataa deebii argatutti bifa barbaachisaa taheen safaarota biyya sudaan kan biyya alaatti ni iyyana.

Kana ammoo bifa bu'aa qabeessa taheen raawwachuuf deeggarsi (tumsi) kallattii barbaachisaa taheen akka nu feesisu gaaffii hin qabu jedheera. Oromoon bakkayyuu qabeenya isaa manca'u ta'ee ilaaluu akka hin qabnes hubachiisna.

Oromoon marti bakka jiruu harka wal qabatee dhabama qabeenyaa fi dhaloota dhufuu baraaruuf, hiree isaa ofiin murteeffatuuf wal ijaaree qabsoo isaa finiinsuu qaba jechuun waamicha keenya dhiheessina.

nuti barattoonni oromoo afriikaa yunivarasii tti barannuu barattota miseensa opdo fi wayyaneen adamsamaa jiraannuyyuu nuti gochaan wayyaneen umurii ishee dheereffachuu ummata keenyaaf kabiroo gooyyomsaa jiran murmuuf sagalee tokkoon mirkaneesineerra.

saanicha wayyaaneen oromiyaa fi uummata keenya irrtti geggeessaaa jirtu nimormina.

barattoonni oromoo biyya sudaanitti argamnuu tokkumma barattoota oromoo wayyanee fi miseemnsota isaatiin hogganamu irraa adaan bahuudhaan qaama tokkoon sabboontonni oromoo maqaa walddaa barattoota oromoo biyya sudaan jennee sochii fi qabsoo wayyaanee irratti geggeessaa jiraachuun keenya niyaadtm.

ka biyyaa nuhar'n isaan gahuu dinnaan biyya ormaattis nucunqursuuf yaaliin isaan hin goon hin jiru.

nuhi garuu diddaa gabrumaa fi fincila wayyaanee irrti gochuuf wanni nudaanggessu tokko akka hin jirre murannoodhaan ibsina.

haala filmaataa ilaachisee ammoo wayyaneen lubbuu isee dheereffachuuf oduu ishiin hin oofin hin jiru muka rimmi nyaate waan taatee argamteef olii fi gadi fiigaa jirti.kunis waan isee baasu miti.

kaanaaf uummanni keenya haala filmaatichaa sirritti hubatee guyyaa filmaatichaa fincilaan akka dabarsu dhaamsa keenya akka ittiin nuuf geessan.

gama biiraatiin ammoo bitamtoonni wyyaanee ta'an maqaa barattoota sabboonoo ta'n midiyoota addaa addaatti erganii hadheessuuf yaalii godhamee tureef godhamaajiru irratti dhaabi keenya(ABO)gadi fageenyaan akka nuuf qoratuuf warreewwan maqaabadan kana dogoggora akkata'e fi maddawwn sobaa uummata oromoo tatamsaasuuf carraqii wayyaneef jaloon isaa godhan irratti akka dhaabi ibsa atattamaa nuuf godhu maqaa qabsaawwon oromoo qabsoo irra jiraniif wareegamaniin isin gaafanna.

INJIFANNOON UUMMATA OROMOO !!!!!